# Ergaa Yohaannis Erge
## Ta Lammeesso'oo
## Seensa

Ergaa Yohaannis erge ta lammeesso'oo ka barreesse jaarsicha ergamaa Yohaannis. Inni giittittii filatantee fi ijoollee isi'iitiif barreesse; jechuulle wolde'a kiristaanaa tokkoo fi miseensa isaatiif te'uu hin dhabu. Ergaan gabaadduun tun, akka wol jaalatanu yaadachiisiisaaf, barsiisota dharaameyyi'ii fi barsiisa isaanii irraa ifi eeggachiisiisaaf barreeffante.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1-3*
Jaalaltiin Waan Maraa Caalti *4-6*
Gorsaa fi ifi eeggachiisaa *7-11*
Nageya Dhaamiisa *12-13*

1 Ana jaarsa biraa, giittittii filatantee fi ijoollee isi'iitiif:
Ani dhugumaan isin jaaladha, na calla'aa moti, ammoo worri dhugaa beeku duudiinuu isin jaalata.
2 Sababille dhugaan nu keessa jirtu tun haga bara baraa nu woliin hin jiraatti.
3 Badhaadhi, arjumma'aa fi nageenni, Waaqa Abba'aa fi Yesuus Kiristoosii Ilma Abba'aa biraa, dhuga'aa fi jaalalaan nu woliin jiraatuu ti.

*Dhuga'aa Fi Jaalala*

4 Akkuma Abbaan nu ajajetti, ijoollee teeti keessaa gariin dhuga'aan jiraatanuun dhaggiis guddoo na gammachiiseera.

5 Ammalle giitti'i! Akka wol jaalannuuf, ajaja
jalqabaa jalqannee qannu san si yaadachiisiisaaf
malee, ajaja haareya si'iif barreessiisaaf moti.
6 Jaalala jechuun ajaja Waaqaatiif ajajamiisaan
le'iisa. Akkuma isin martinuu jalqabaa jalqadda-
nee dhageettane, ajaji isaa akka jaalalaan leetanu.
7 Akka Yesuus Kiristoos fooniin* gara biyya
lafaa dhufe worri dhugaa hin baanne, worri
nama dokonkorsanu hedduun gara biyya lafaa
bayaneeran. Eennulle nami akkasii nama nama
dokonkorsuu fi nama Kiristoos mormu.
8 Gatii guutuu akka dhaggattanu malee, gatii
waan hujjanee akka hin dhanne ifi eeggadha'a!
9 Nami barsiisa Yesuusiitiin hin jiraannee fi ir-
raa goree deemu mara Waaqa hin qabu; nami
barsiisa Kiristoosii qabatee ittiin jiraatu mara am-
moo Abba'aa fi Ilma qaba.
10 Barsiisa kana adoo hin qabatin eennulle gara
keessan yoo dhufe, mana keessanitti isa hin fud-
hatina'a! Nageyalle hin fuudhina'a!
11 Nami nageya isa fuudhu, hujii isaa hantuu
san qoodama.

### *Nageya Dhaamiisa*

12 Waan isiniif barreessu waan hedduu qaba;
te'uu malee woraqataa fi hallu'uun isiniif
barreessiisaaf hin barbaadu; ammoo gammadi
keenna guutuu akka te'uuf, gara keessan dhufee
ilaan wol dhagginee, isin woliin haasowiisaaf
addii qaba.
13 Ijoolleen obboleettii teeti filatantu'uu nageya
si'iif dhaanti.

---

* **1:7** *Fooniin:* Nafa namumma'aatiin

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e